

Forbud mot kvinnelig kjønnslemlestelse Dubartii dhagna qabuu seeraan dhorkuu (oromo)

Koola galtoonni biyyoolee dubartii dhagna qabuun itti raawwatamu irraa dhufan hundi biyya Norge tti dhagna qabuun seeraan dhorkamu isaa ilaalchisee odeeffannoo argachu qabu

Shamarraniif dubartoota dhagna qabuun addunyaa kana irratti bakka adda addaatti akka aadaa ta'eet raawwatama. Kunis qaama saalaa amma tokko muranii gatuun, yokinis bifa isaa jijjiiruun kan raawwatamu dha. Namoonni hedduun muraatii qaama saalaa kanaan dhagna qabaa jedhuun.

Biyya Norge tti qaama saalaa shamarranii fi dubartoota muruun dhorkaa dha

Qaama saalaa dubartii muruun waanni dhorkameef fayyaa 'ratti midhaa waan fiduufi. Qaama saalaa muruun hanqina umrii guutuuf turu, rakkina fayyaa hammaataa, akkasumas jireenya keessati rakkina adda addaa tiif saaxilamu fida. Biyya Norge tti haala kamiin iyyuu qaama saalaa murruun, waanuma xinnoo yoo ta'eellee, dhorkaa dha. Dhagna qabaan inni yeroo baayyee maqaa «Suna» jedhamuun beekkamu 'illee midhaa waan fiduuf dhorkameera.

Namni dalagaa kana raawwatee argame, yokinis namni dubartiin tokko muraati qaama saalaaf akka saaxilamtu qooda fudhatee argamee adabbii mana hidhaa haga waggaa kudhan gawuun adabamu danda'a. Otuma illee dhagna qabaan kun biyya biraatti raawwatameera ta'e; otuma illee dubartiin dalagaa kanaaf saaxilamte waligaltee dhagna qabamuu gooteetti yoo ta'e, adabbichi nifudhatama. Garu ammoo adabichi dubartii tarkaanfii kanaaf saxilamte irratti fudhatamu hindandawu. Dhagna qabaan akka raawwatamu qooda fudhachuu saaniin namoonni adabaman biyya Norge keessaa akka bahan itti murtaawu danda'a.

Dhagna qabaan akka raawwatamu qooda fudhachuu jedhame haalli nama gaafachiisu dandawu tokko, dhagna qabaan akka raawwatamu xiyyeeffachuun, abbootii taahitaafis ta'e nama dhagna qabamu saniif beekaa odeeffannoo dhara ta'e kennuu dha.



Shamarraniif dubartoonni hedduun otoo biyya Norge hindhufin dura kan dhagna qabaman. Dhagna qabamani argamuun mataan isaa dhorkaa miti. Haata'u malee warri ijoollee dubara xixinnoo erga dhagna qabamaniin booda dhufan qaban, ijoolleen saani waldhaansa fayyaa akka argatan gochuu 'ratti ittigaafatamummaa qabu.

Shamaranii fi dubartoota dhagna qabaaf saaxilamaniif gargaarsa kennamu

Abbootiin taahitaa biyya Norge shamarraniif dubartoota dhagna qabaan irratti raawatame, yokinis akka irratti raawwatamu sodaa qabaniif gargaarsa nikennu. Shamarraniif dubartooni dhagna qabaaf saaxilaman waldhaansa fayyaa argachuuf mirga qabu.

Haala seeraan dhorkame kana ilaalchisee, yokinis bakka gargaarsi irraa argamu ilaalchise odeeffannoo dabalataa barbaadda yoo ta'e, namoota UDI, yokin moraa simannaa baqattootaa keessa hojjatan waliin marihachuu nidandeessa. Kana malees hakima waliin, narsii tajaajila fayyaa hawaasaa (Helsesøster) waliin, deessistuu waliin, yokinis hospitaala dubartootaa (kvinneklinn) naanno itti jiraatu keessa jiru waliin haasawuu dandeessa. Tajaajilli fayyaa gama kanaan kennamu kaffaltii maleedha. Ogeeyyonni fayyaas icitii eeguuf waadaa galanii hojjatu.

Forbud mot kvinnelig kjønnslemlestelse

Kjønnslemlestelse av jenter og kvinner er et inngrep som endrer eller fjerner de ytre kjønnsdelene, og er en tradisjon flere steder i verden. Mange kaller kjønnslemlestelse for omskjæring.

I Norge er det forbudt å kjønnslemleste jenter og kvinner

Kjønnslemlestelse er forbudt fordi det er skadelig for jenters og kvinners helse. Kjønnslemlestelse medfører varige endringer, akutte helsefarer og økt risiko for ulike plager gjennom hele livet. I Norge er alle former for kvinnelig kjønnslemlestelse forbudt, også der bare litt fjernes eller endres. Inngrep som ofte kalles sunna er også skadelig og derfor forbudt.

Den som utfører eller medvirker til at en jente eller en kvinne blir kjønnslemlestet, kan få fengselsstraff i inntil ti år. Dette gjelder også hvis omskjæringen skjer i et annet land og selv om jenta eller kvinnen samtykker. Jenta eller kvinnen selv kan ikke straffes. Personer som blir dømt for medvirkning til omskjæring kan også bli utvist fra Norge.

Som medvirkning til kjønnslemlestelse regnes blant annet bevisst å gi uriktige opplysninger til myndighetene eller til personen som skal omskjæres, hvis hensikten er å gjennomføre kjønnslemlestelsen. Mange jenter og kvinner ble omskåret før de kom til Norge. Det er ikke forbudt å være omskåret. Foreldre må sørge for at mindreårige døtre som er omskåret får nødvendig helsehjelp.

Hjelpetilbud til jenter og kvinner som er kjønnslemlestet

Norske myndigheter skal hjelpe jenter og kvinner som har blitt eller frykter å bli kjønnslemlestet. Jenter og kvinner som er omskåret har rett til å få helsehjelp.

Hvis du trenger mer informasjon om lovforbudet eller om hvor du kan få hjelp, kan du snakke med ansatte i UDI eller på asylmottaket. Du kan også snakke med en lege, helsesøster, jordmor eller kvinneklinikken på sykehuset der du bor. Helsehjelpen er gratis og helsepersonell har taushetsplikt.

Har du forstått informasjonen?



Forbud mot kvinnelig kjønnslemlestelse Dubartii dhagna qabuu seeraan dhorkuu (oromo)

Informasjonsskriv / Odeeffannoo

[UDI 2014-041](#), www.udiregelverk.no

Odeeffannoon kun siif galee jiraa?

Jeg har forstått informasjonen / Odeeffannoon kun naaf galee jira

Søkerens navn og DUF-nummer / Maqaa iyyataa fi lakkoofsa DUF

Sted og dato / Bakkaa fi guyyaa

Underskriften til søkeren¹ / Mallattoo iyyataa ²

Jeg bekrefter å ha gitt informasjon / Odeeffannoo kana kennuu kiyya nan mirkaneessa

Underskriften til medarbeideren/saksbehandleren /
Mallattoo hojjataa/ itti gaafatamaa

Eventuelle merknader / Yaada biroo barbaachisaa ta'e

1 Asylsøkere under 18 år skal ikke undertegne informasjonsskrivet, men bekrefte muntlig om informasjonen er forstått.

2 Namoonni umriin isaani wagaa 18 gadi ta'ee koola-galtummaa gaafatan barreeffama odeeffannoo kana irratti mallatteessuun itti hinjiru. Haa ta'u malee odeeffannoon kun akka isaaniif gale afaaniin mirkaneessuu qabu.